

Ibsa Ejjanno Walgahii Addaa TBOJ

Nuti miseensonni Tokkummaa Barattoota Oromoo Biyyaa Jarmanii (TBOJ) walgalii addaa kan gafa Bitooteessaa 02, bara 2014 magalaa Nürbergittii adeemsifanne irratti dhimmoota wa'ee haala ijjaarsa keenyaa fi kan Qabsaa Bilisummaa Oromoorn har'aa keessaa jiruu ilaallattan irratti maree bal'oo taasisuun murtee addaa addaa dabarsuun xummuurratneerra. Walgalii kanaa irratti baruumsaa fi haala yeroo ilaalchissee Miseensii Gumii Sabaa ABO J/Dr. Shigut Galata dhaaba ABO bakka bu'un nu giddutti argamuun ibsa bal'aan nu keennamee jira. Haala amma TBOJ Keessaa jiruu ilaalchissee karaa Dura ta'aa fi Barreessaa Damee Würzburg fi nannoon J/Gamachuu Fayyisaa fi J/Obsa Adam wal duraa duubaan ibsaa kennameera.

Itti aansuunis walgalichi dhimmoota armaan gaditti irratti murtee dabarsuun xummuurame:-

1. Deeggarsa QBO irratti

Nuti miseensonni TBOJ Walgalii kanaa irratti qooda fudhannee QBO kan kallacha qabsichaa ABOn hoogganamu of qusannaa tokko malee kan ca'aa tokko irra eegamuuu maraan kan cinaa dhaabbannu ta'uu ammas irra deebinee waadaa seenne haaromsina. Sochii Qerroo kano bifaa fi haala qindoomina haaraatiin finiinaa jiruu fi Waligalaa kan dhaabnii ABO kallachumman gaggeessaa jiru jabinaa fi murannoon wan dandeenyuu maraan kan deeggarru ta'uu beeksifna. Gachannii Ummataa Oromoo, WBOn, daran tarkanfii isa akka cimsaatuu wan qabnuu fi dandeenyuu maraan biraadhaa dhaabbanna.

2. Balaaleffanna Mootummaa Impayeeraa Ityophiyaa kan ABUT-tin Hogganamtu

Miidhaa Mootummaan Impayeeraa Ityophiyaa kan ABUT-n hogganamutuu uummataa keenya irraan gahaa jiru ni balaaleffanna, ni mormina, kara dandeenyu maras dura dhaabbanna.

Akeekaa fi karooraan **duguuggaa sanyii** (policy of Genocide) ummataa keenyaa fi uummatoota cunqurfatamtoota addaa addaa irratti Mootumman TPLF geeggessaa jiru ni balaalleeffanna. Yakkamtooni sirna wayaanee miidhaa akkasii qaqaabsiisan hatattamaan akka seeratti dhiyaatanii itti gaafataman Biyyootiin Demokratawwaa fi Jarmooleen mirgaa dhalaan namaaf falmaani akka dhiibbaa godhaan ni gaafanna.

3. Hariiroo mootummaa TPLF fi kan biyyoota Ollaa ilaachisee

Biyyoonnii ollaa Itiyoophiyaa tokko tokko hariiroo mootummaa Wayaanee faana qaban hal duree tarkaanfii fi sirna mootummichaa kan hin xiinxaalle tahuu irran kan ka'ee Waligaltee idilee adunyaa tokko tokko caabsuun midhaa dangaa hinqabnee geessaa jiru.

Keesumaayyuu mootummoonni biyyoota akka Somaliland fi Keeniyaan Waligaltee Adunyaan qabduu faalleessaa yeroo yerootti baqaataa Oromoo dabarsaanii Mootumaa TPLF-tti keennun badhii tahuu hubataanii fuulduraaf dalaga akkasii irraa akka of quasatan cimsinee gaftnaa.

4. Waamicha

Tokkummaan Barattoota Oromoo Biyya Jarmanii diina miidhaa fi jibbiinsi isaa saba keenyaaf daangaa hin qabneef hojjattanii fi akkasumas bira dhaabbattan, dalagni keessan uummata keessaniif miidhaa ammamii fi akkamii akka qabu xinxaltanii hubachuun harka diinaa jalaa of baaftanii gara mooraa QBOtti akka deebitan waamicha keenya cimsinee isiniif dhiyesina.

Tokkummaan humnoota QBO yoom iyyuu caala barbaachisaa fi murteessaa ta'uun isaa hubatamaa dha. Kanaafuu araaran moraa qabsoo Bilisummaa Oromoo gabisuuf tokkummaan jarmoolee kan kayyoo irratti hunda'ee kan kanaan dura jalqabame jiruu xumuraa itti gochaa kan hafeess fuulduratti akka cimee itti fufuu fi babal'atu qaamota dhimmi kuni isaan ilaalu maraaf waamicha keenya ammas irra deebinee dabarsina.

Dhuma irrattis tumsii fi tokkummaan saboota cunqursaa jalatti kufanii argamanii kan galii kaayyoo qabsoo isaanii as dhiyeessu akkasumas kan diina immoo naasisuu fi bir'uu guddaa irraan ga'u ta'uun isaa hubatamee, Hariiroon tarsimoo irratti akeekkatee akka cimu qaamonni dhimmi isaa isaan ilaalu akka irratti hojjatan waamicha keenya dabrsinaaf. Baruumsa barbaachisu kennuu fi haala gamtaa akkasii mimijeessu bakka hundattii fi qaama hundaan akka irratti hojjatamu jechuun ergaa keenya dabrfanna.

Injifannoon Uummata Oromoof!

Hirmatootaa Walgahii addaa TBOJ, Nürnberg, Bitooteeessaa 02, 2014







